



Ofii koo fi namoota naannoo  
koo jiran dhukkuba irraa  
eeguun barbaada.




Talaalliin qoricha namoota  
dhukkuba irraa eegudha.



Yeroo tokko tokko waggaatti  
talaalii tokko qofa si  
barbaachisa, yeroo tokko  
tokko immoo talaalii irratti  
hundaa'uun dabalataa si  
barbaachisa.




Mana qorichaa, doktora ykn kilinika kamittuu talaallii argachuu nan danda'a.



Gamoo sana seenee maqaa koo, guyyaa dhaloota koo kennuudhaan, akkasumas gaaffiiwwan nama na gargaaru sanaatiif deebii kennuudhaan galmeeffama.




Maatiin koo galmaa'uuf na gargaaruu danda'u. Namni na gargaaru eessa akkan deemu natti agarsiisa. Anis gargaaraafi maatiikoo wajjin nan deema.




Namoonni gargaarsa kennan uffata gaawonii, guwaantii fi haguuggii fuulaa uffatan ta'uu danda'u.




Gargaartoonni fuula isaanii arguu baadhus na arguu isaaniitti baay'ee gammadu.




Yeroo dabareen koo ga'u, wayyaa koo nan marfadha ykn jaakkeetii koo nan baafadha.



**Teessoo irra nan taa'a.  
Callisee taa'uuf nan yaala.**




**Narsiin tokko qoricha naa  
kenniti. Yeroo lilmoon harka  
koo keessa seenu ciniinsuun  
natti dhaga'amu danda'a.**




**Narsiin harka koo irratti  
pilaastara naa kaa'a.**

# Talaalii Koo Argachuu



Maatiin koo akkan hin dhukkubsanne of eegaa jiraachuu kootti baay'ee gammadu.



Ergan talaalii fudhadhee booda daqiiqaa 15 akkan eeguu na gaafachu danda'u. Ergan talaalii fudhadhee booda ba'uu nan danda'a ta'a.



Harka koo dhiqachuun ofii koo fi warra kaan eeggachuu nan danda'a. Talaalii fudhachuu kootiin ofitti boona.

